Biyya UK tti koolu galtummaa gaafachuu, af- gaafii calalii

Af-gaafii Calalii (Screening interview) kan jedhamu erga Koolu galtummaadhaaf iyyattan booda gaaffi fi deebii isa duraati.

Iyyannoo Koolu galtummaa kan galfattan gara biyya UK akkuma seentanii fi bakkuma seentanitti yoo ta'e guyyaadhuma san Immigration Officer dhaan isiniif godhama. Iyyannoo koolu galtummaa erga gara biyya UK seentaanii yeroo murtaahe turtanii booda kan galfattan yoo ta'e immoo yeroo hedduu kan gaafiin calalii isiniif godhamu bakka kirooyiden (naannawa London) kan argamutti ogeessota calalii kan Home Office irraa dhufaniin isiniif godhama. Home Office jechuun waajjira dhimma koolu galtummaa biyya UK keessaa isa tokkoodha.

Koolu galtummaadhaaf kan iyyannoo galfattan akkuma biyya UK seentaaniin qabamtanii yoo ta'e af-gaafiin kan isiiniif godhamu achuma iddoo itti qabamtan sanattis ta'uu mala. Namoonni hedduun kan iddoo qabamanitti af-gaafiin erga taasifameef booda yeroo muraasa keessatti kan gad lakkifaman ta'a.

Osoo af-gaafiin isiniif hin godhamin akka abukaatoo barbaaddan himachuun barbachisaa ta'uyyuu yeroo hedduu af-gaafiin duratti Abukaatoo caarraan argachuu hedduu rakkisaadha. Yeroo af-gaafiin isiniif godhamutti abukatoon isin cinaa akka taa'uuf hin eeyyamamu.

Bakka bu'aan Home Office yeroo af-gaafii isiniif godhu sanatti woraqaa af-gaafii san irratti yaadannoo gaggabaabduu ni barreeffata. Erga af-gaafii xumurtan booda garagalcha af-gaafichaa (copy) isaa fudhachuun barbaachisaadha.

Fedhii keessaan irratti hundaa'uudhaan ogeessi afaan isiniif hiiku ni ramadama. Nama afaan isiniif hiiku sana ilaalchisee rakkoon yoo jiraate, kana jechuun namichi afaan hiikuu wanti inni jedhu yoo isiniif hin galin, afaan isin dubbattan kan hin dubbanne yoo ta'e, nama gahumsa hin

qabneedha jettanii yoo yaaddan ykn waan an dubbadhu akka ani dubbadhutti naaf hiikaa hin jiru jettanii yoo shakkitan yeroma sana haalota kanneen ogeessa af-gaafii isiniif dhiyeessu kan Home Office itti dubbachuudhaan akka komii keessan kana barreeffatu beeksisuun barbaachisaadha.

Erga af-gaafichi darbe booda rakkoon kan ture ta'uu yoo hubattan (bakkuma af-gaafii sanatti osoo komii kaaftanii gaarii ta'us) abukatoo keessanitti kana dubbachuun barbaachisaadha. Abukaatoon keessanis komii keessan sana karaa barreeffamaatin gara Home Office ni erga.

Gaaffilee yeroo calalii af- gaafii gaafataman

Yeroo af-gaafiin geggeeffamutti gaaffilleen bu'uuraa kan armaan gadii ni dhiyaatu.

Maqaa Guutuu

Guyyaa dhalootaa

Lammii

Saba

Amantii

Waa'ee Maatii

Waa'ee fayyaa keessanii

Haala gara biyya UK imaltaniin ykn seentaniin

Gara UK maaf akka dhuftan (maaf akka koolu galtummaa gaafattan) yeroo murtaahe booda gaaffileen hedduun af-gaafii guddicha irratti waan dhiyaataniiif kan iddoo kanatti gaafatamtan waan murtahe qofaadha.

Imala gara UK tti taasiftan

Gaaffilee yeroo calalii af-gaafii dhiyaatan keessaa isaan ijoon imala gara UK tti taasiftan ilaalchisee gaaffilee isiniif dhiyaatan ta'uu malu.

Mootummaan UK iyyannoo koolu galtummaa isin dhiyyeeffattaniif kan itti gaafatamu isaan ta'uu fi dhabuu mirkaneeffachuudhaaf gaafatu. Iyyannoo koolu galtummaa biyya biraatti dhiyyeeffattanii kan turtan yoo ta'e ykn biyya biraatti osoo koolu galtummaa hin iyyatin keessa qaxxaamurtaniirtan yoo ta'e maalif biyya sana dhiiftanii gara UK dhuftan gaafii jedhuuf deebii gahaa kennutu isin irraa eeggama.

Yeroo gara UK imaltan biyyoota Awuroppaa biro qaxxamurtaniirtu yoo ta'e motummaan UK dhimmi koolu galtummaa keessan gara biyya sanaa deebitanii akka iyyattaniif isinitti dubbachuu malu. Inni kun Dublin Regulation Case ykn Safe Third Country Case jedhamee yeroo waamamu dhageettaniirtu ta'uu mala.

Yeroo hedduu Home Office dhimmoota kana ilaalchisee kuusaa ashaaraa harkaa Awuroppatti argamu irraa ragaa argata. Yeroo af-gaafiin isiniif taasifamu sanattis ashaaraan quba keessaanii kan isinirraa fudhatamu ta'a.

Home Office iyyannoo koolu galtummaaf isin galfattan sana kan itti gaafatamu biyya Awuroppaa kan biraati jedhee garas dabarsuuf yaalii yoo taasise murtee sana mormachuu ni dandeettu ta'a. kunis haala biyya itti isin dabarsuu fedhan sanaa fi UK keessaa turuu akka qabdan raga cimaa dhiyeeffachuu ykn Home Office woliigaltee sana hordofuu dhabuu irrattis hundaahu mala.

Akka fakkeenyatti; dhimmi koolu galtummaa isin dhiyeeffattan gara biyya biraatti akka dabarfamu yeroo murtaahu Home Office guuyyoota daangeffame qaba ykn biyyi isin fudhatu sun gaafficha fudhateera yoo ta'e yeroon isin gara biyya sanaatti deebifamtan kan daangeffameedha.

Home Office dhimma koolu galtuummaa keessaniif biyyi kam akka itti gaafatamtu murteessuuf ashaaraa harkaa fi sanada imalaa ilaala. Haa ta'uu garuu Erga balaa ykn lubbuu keessaniif dheessitan ta'ee maaf biyyoota keessa dabartan sanatti koolu galtummaaf hin iyyanne jechuus danda'a.

Af-gaafiin Calalii yeroo gabaaba kan fudhatu ta'us hedduu murteessaadha.

Yeroo af-gaafiin calalii geggeeffamutti wantootni isin dubbattan hundi af-gaafii guddicha irratti kan dubbattanii fi Home Office dhaaf karaa barreeffamani ibsi isin ergitan akkasumas ragaaleen isin kennitan sirrii fi dhugaa ta'uu isaanii wol bira qabuun ilaalu . kun wal falleessuus hin qabu. Kan wal falleessu ta'ee kan argamu taanaan Home Office seenaan isin dubbattan dhugaa irraa kan fagaatedha ykn isin baqataa miti isiniin jechuu danda'u.